Mata«a»haraan naannoo Oromiyaa, godina Shawaa Bahaa (sic), magaalaa guddittii aanaa Fanataallee (sic) ti. Haalli qilleensa isheetiis gammoojjii waan ta'eef misooma qonnaaf mijaa'aa miti. Jireenyi ummaata (sic) magaalaa kanaas daldala irratti kan hundeeffamee dha. Hojii daldalaafis filatamtuu sababiin taasises daandiin konkolaataa Sabii (sic) fi Harargee, akkasumas daandiin baabura lafaa Ityoo-Jibuuti magaalaa kana keessa kutuu isaa ti.

Egaa akkuma armaan olitti dubbatame guddinni magaala«a» kanaa jireenya daandii konkolaataa fi baabura lafaa irratti kan hundeeffame dha jechuun ni danda'ama. Daandiin konkolaataa fi baabura lafaa kun magaala«a» Mata«a»haraa qofaaf utuu hin ta'in guutuu biyyaafis dantaa ol-aanaa qaba. Sababiin isaas meeshaaleen barbaachisaan biyya alaatiin gara biyya keessaa kan seenanii fi biyya keessaa gara biyya diidaatti kan ergaman daandiidhuma kana irraan ta'uu isaa ti.

Haa ta'u malee Haro«o»n Basaqaa guddina magaala«a» Mata«a»haraa fi jireenya ummata isheetiif gufuu ta'aa jiraachuun isaa beekameera.

Vocabulary

haroo : lake, pool (man-made)
Cf: hara : lake, pond (natural)
Note: haroo [n-f]: hara [n-m]
Basaqaa : Besek'a (lake name)
yaaddoo : worry, concern [= yaad-CC-oo, see G§5.4]
Mataaharaa : Metahara (town)
Cf: mataa : head
Cf: haraa : of lake [gen]
godinaa Baha Shawaa : of eastern Shewa zone
Shawaa : Shewa (zone)
magaalaa guddittii : the capitol
magaala guddoo : capitol
guddaa [adj-m] : big, large, great [root: **gudd-**]
-ittii : the particular NOUN [fem specific, G§5.2.2]
Faantaalee : Fentale (district)
ti : it is
haalli qilleensa isheetiis : also its climate
haala qilleensaa : weather, climate
haalli : the condition [= haal(a)-ni, see G§3.4]
haala : condition
qilleensa : wind, air
isheetiis : also its [pro-gen]
ishee : she, it [fem pro base]
mijaa'aa : suitable
miti : is not [neg pseudo-verb]
jireenyi : the livelihood [= jir-eeny(a)-i]
jireenya : life, existence
kanaas : of this too ~ also
hundeeffamee : is based and
hundeeffam- : be based ~ built (upon)
daldalaafis : for trade too
filatamtuu : selected [adj-f]
filatamaa : selected [adj-m]
filatam- : be selected ~ chosen
filat- : choose, select [auto]
fil- : select, choose, pick (out)
-tuu : [fem adj suffix, G§9.2.1]
taasises : it also caused [= taa-sis-e-s; rw: ta']
taasis- : cause, make happen
Sabii (sic) «**Asabii**» : Aseb (Eritrean port city)
baabura lafaa : railway, railroad line ~ track
lafaa : of land; [atr] land-
Ityoo-Jibuutii : Ethio-Djibouti
magaalaa kana keessa : in this town
kutuu isaa : its cutting

egaa : so, then, therefore
akkuma : just as ~ like
armaan : here, herein
arma : here
olitti : above; higher
dubbatame : it was mentioned
dubbat- : mention, speak (of)
guddinni : the development [= guddin(a)-ni]
guddina : growth, development, expansion
jechuun ni danda'ama : it is possible to say
magaalaa Mataaharaa qofaaf utuu hin ta'in : not only for the town of Metahara
qofaaf : for only [dat adj = qofa+a-f]
qofa utuu hin ta'in : not only [conj-expr]
guutuu biyyaafis : for the whole country too
dantaa : advantage, benefit
ol-aanaa : greater, enormous
qaba : it has
sababiin isaas : the reason also
meeshaaleen barbaachisaan : necessary goods [subj]
meeshaalee : goods; merchandise [collective]
biyya alaatiin : by foreign country, from abroad [instr = ala+a-ti+i-n]
seenanii : they enter and ... [= seen-an-ii]
biyya diidaatti : to a foreign country
biyya diidaa : foreign country
diida : somewhere else, foreign area; [adv] out(side)
ergaman : they are exported ~ sent out
daandiidhuma kana irraan : by just this road
irraan : via, through, by means of [postp, G§10.2]
ta'uu isaa ti : that it is

isheetiif : for its [= ishee-ti+i-f]
gufuu : barrier, obstacle
ta'aa jiraachuun isaa ... : that it is in the process of becoming
jiraachuu : be in the process of VERBing [ongoing action aux, G§12.6]

Selection Twenty-Five
Part B

Haroon Basaqaa kun yeroo ammaatti daandii konkolaataa fi baabura lafaa liqimsuuf haalaan saffisaa jiraachuun isaa ummata yaaddoo guddaa irra kan buuse ta'uu obbo Girmaa Minjeksaa dura ta'aan bulchiinsa magaala«a» Mata«a»haraa addeessaniiru.

"Harichi haalaan sodaachisaa akka ta'e hubachuudhaan qaamo«o»lee mootummaa kan dhimmi isaa ilaalutti yoo dabarsine iyyuu, hamma yoonaatti furmaati kenname tokko iyyuu hin jiru" jechuudhaan obbo Girmaan eeraniiru.

Kana malees Basaqaan waggaadhaa gara waggaatti gara magaala«a» Mata«a»haraatti siqaati jira. Harichis daandii konkolaataa fi baabura lafaa dhuunfachuudhaaf bitaa mirga, fageenya meet«i»raan lakkaa'amu kan isa hafe ta'uun hubatameera.

Rakkoon kun har'a«a»bori utuu hin jedhin furmaata argachuudhaa baannaan bultii bultiidhaan magaalattii liqimsuun isaa waan hin ool«l»eef itti yaadamuu qaba jenna.

Vocabulary

liqimsuuf : to engulf [v-dat]
  liqims- : swallow; engulf, cover (of water)
haalaan[1] : very (much); well
Cf: haalaan[2] : in future [instr]
  haala : future
saafisaa jiraachuun : in the process of accelerating
  saafis- : speed up, accelerate; grow, develop [v-intr]
yaaddoo guddaa : great anxiety, major concern
irra buuse : it put ~ placed upon
  buus- : put (down ~ out); pour (liquid)
Girmaa Minjeksaa : (name)
harichi : this lake [= har(a)-ichi]
haalaan sodaachisaa akka ta'e : that it is very alarming
hubachuudhaan : by noting ~ observing
qaamoolee mootummaa : government agencies
qaamoolee : bodies, agencies [= qaam(a)-oo-lee]
  qaama : body; agency
kan dhimmi isaa ilaalutti : whom this matter concerns
dhimmi : the matter ~ issue [= dhimm(a)-i]
ilaalutti : looking into, concerned with [= ilaal-u-tti]
  -tti ilaal- : be concerned with

yoo dabarsine iyyuu : even if we passed it on
yoo ... iyyuu : even if
dabarsine : we passed (it) on [= dabar-s+i-ne]
hamma yoonaatti : until now
  yoona : the present, this time
furmaati : the solution [= fur-m-aat(a)-i]
  furmaata : solution [= fur-m-aata, see G§5.4]
tokko iyyuu hin jiru : there isn't even one
tokko iyyuu : none, no one
eeraniiru : he has pointed out

kana malees : furthermore [lit: apart from this also]
waggaadhaa gara waggaatti : from year to year
siqaati jira : it is moving [= siq-aa-ti jir-a]
  siq- : move (a little); move ~ go forward, progress
  -ti : -ing [cmp tense marking suf with aux jir-]
harichis : this lake too [= har(a)-ichi-s]
dhuunfachuudhaaf : to engulf completely ~ inundate
  dhuunfat- : take an exclusive share for oneself, monopolize; [fig] engulf
bitaa mirga : left and right
meetiraan : in meters [instr]
  mèetira : meter
lakkaa'amu : that is counted
  lakkaa'am- : be counted
  lakkaa'- : count, enumerate
hafe : it remained
  haf- : remain, stay; survive

rakkoon kun : this problem [subj]
  rakkoo : problem, difficulty, trouble [= rakk-oo]
har'aabori utuu hin jedhin : without delay [lit: not saying today-tomorrow]
furmaata argachuudhaa baannaan : if it really does not get a solution [= argat-chuu-dha+a]
baannaan = unless, if ... not [conj-neg]
bultii-bultiidhaan : daily, day by day; [ext] gradually
waan hin oolleef : because it is inevitable
  waan hin oolle : inevitable, inescapable [= ool-ne]
  ool- : may, be possible
itti yaadamuu qaba : it must be taken seriously
  itti yaadam- : be thought of ~ worried about
  qab- : should, must, have to, ought to (do s.t.)
jenna : we say ~ suggest [= jedh-na]

Selection Twenty-Six

Part A

Miseenso«o»tni OPDO ABOtti Harka Kennan

Akeekni OPDOn Hordofaa jiru farra Uummata (sic) Oromoo ta'uu isaa fi daandii dhugaa ABOn hordofu kan hubatan miseenso«o»tni afur baatii Hagayya 1994 keessa mooraa wayyaanee Maga«a»laa Dadar jiru keessaa bahanii ABOtti harka kennuu isaanii baatii Onkoloolessa 1994 kan maxxanfame Bakkalchi Oromoo hidhaa II Lakk. 4ffaa addeesseera.

Wayyaaneen Uummata (sic) Oromoo dogoggorsuuf maqaa Oromootiin dhaaba maxxantuu yoo ijaarte illee, uummatni (sic) qullaatti ishee hambiseera jechuun kan itti fufu Bakkalchi Oromoo mooraa diinaa gad-dhiisanii nagaan ABOtti harka kennaniiru warri jedhes:

1. Mohaamad Dhaaqqaba Leencoo
2. Maammoo Galataa Muudee
3. Asfaawu Barakaa Duulaa, fi
4. Ma'aazaa Qaabataa Dheereessaa akka ta'an ibsameera.

Gara fuula 62tti

Vocabulary

miseensootni : the members [subj = miseens(a)-oot(a)-ni]
OPDO : Oromo People's Democratic Organization
ABOtti : to the OLF
ABO : Oromo Liberation Front [abr: Adda Bilisummaa Oromoo]
harka kennan : they surrendered
harka kenn- : surrender, give oneself up

akeekni : the objective [subj = akeek(a)-ni]
akeeka : objective, aim, intention [= akeek-a]
akeek- : signal; aim, intend
OPDOn : the OPDO [subj]
hordofaa jiru : that [it] is pursuing
farra : against, anti, opposing
Cf: farra[2] : bad, evil; harmful
daandii dhugaa : right way, real path
ABOn : the OLF [subj]
hordofu : that it pursues
hubatan : they realized ~ understood
mooraa : camp {military} [lit: corral, cattle pen]

wayyaanee : (name for the Tigrean People's Liberation Front, TPLF)
Dadar : Deder (town name)
jiru : which is
keessaa bahanii : that they abandoned it and ...
harka kennuu isaanii : that they surrendered
kan maxxanfame : which was published
maxxanfam- : be printed ~ published
maxxans- : join; stick (s.t.) on; print, publish
maxxan- : stick, adhere to; be stuck ~ joined (to)
Bakkalchi Oromoo : the Oromo Morning Star (newspaper) [subj]
bakkalcha : morning star, Venus
hidhaa II : second volume
hidhaa : leash, tether; connection; issue ~ volume (of a periodical)
Lakk. 4ffaa (afraffaa) : fourth volume ~ issue
Lakk. : number, issue [Abr: lakkoofsa]
addeesseera : it has reported

wayyaaneen : the TPLF [subj]
dogoggorsuuf : in order to confuse
dogoggors- : confuse, perplex, make speechless
dogoggor- : be confused ~ perplexed; be speechless
maqaa Oromootiin : with an Oromo name; [fig] on behalf of the Oromo [instr]
dhaaba maxxantuu : puppet organization, appendage

dhaaba : organization
maxxantuu : sticker (s.t. that adheres); adherent, supporter (of a cause); [fig] (political) puppet
yoo ijaarte illee : even if it built ~ set up
yoo ... illee : even if
ijaarte : she set up [= ijaar-te]
ijaar- : build, set up
qullaatti ishee hambiseera : has deserted it [her]
qullaatti hambis- : clean out; [ext] abandon, desert
qullaa : naked, nude, bare
ishee : her [pro-obj]
hambis- : leave behind; save (for later); retain
jechuun itti fufu : it continues to claim ...
itti fuf- : continue (with s.t.)
fuf- : join, bind ~ tie together
mooraa diinaa : enemy camp
gad-dhiisanii : they left and [= gad-dhiis-an-ii]
gad dhiis- : leave (a place); let go, set free, release
nagaan : in peace [instr]; [adv] peacefully
nagaa : peace, well-being
warri : the people [subj = warr(a)-i]
warra : family, household, clan, extended family; one's people
jedhes : it also mentioned
Mohaamad Dhaaqqaba Leencoo : (man's name)
Maammoo Galataa Muudee : (man's name)
Asfaawu Barakaa Duulaa : (man's name)
Ma'aazaa Qaabataa Dheereessaa : (man's name)

Selection Twenty-Six

Part B

Fuula 60 irraa

OPDOn dhaaba walaba osoo hin taane damee basaasaa ABUT/TPLF kan fedhii ilmaan Tigree guutuuf Uummata (sic) Oromoo keessa sosso'u dha jechuun jarreen harka kennan eega ibsanii booda hojiin OPDOn Uummata (sic) Oromoo irratti raaww«a»chaa jiru yakkaniiru.

Xumura irratti osoo hin beekinis ta'e, dantaa mataa isaanii caalchisuun Oromo«o»nni diina jala hiriiran daandii dhugaa hubatanii karaa sirriitti deebi'uu isaanii ABOnis ta'e sabni Oromoo gammachuu guddaatu isatti dhaga'ama jedheera.

Vocabulary

walaba : independent, autonomous, self-reliant
osoo[1] : while, whereas; whether [G§14.3]
osoo[2] : without [used with a negative verb, G§12.5.1]
osoo hin taane : without being [neg past = hin-taa-ne]
hin taane : has ~ have not been; was ~ were not
damee basaasaa : espionage branch
basaasaa : informer, spy, (secret) agent; [atr] espionage
ABUT : Tigrean People's Liberation Front [Abr: Adda Bilisummaa Ummataa Tigree]
TPLF : Tigrean People's Liberation Front
fedhii : wish, ambition, desire
ilmaan : sons, children, offspring [collective]
Tigree : Tigray (region)
guutuuf = to fulfill [= guut-uu-f]
sosso'u : that move
jarreen : these men [see G§6.6]
eega : after, afterwards, since (temporal ~ reason)
ibsanii : and they indicated
hojiin OPDOn : the OPDO work ~ activities [note redundant double subject marking]
Ummata Oromoo irratti : against the Oromo People
raawwachaa jiru = that is being done ~ carried out
yakkaniiru : they condemned
yakk- : condemn; regret; do wrong, sin against, be guilty

xumura irratti : in conclusion
xumura : conclusion, completion [= xumur-a]
osoo hin beekinis ta'e : whether it was unknowingly as well as [hin-beek-in+i-s ta'-e]
dantaa mataa : personal gain, self interest
mataa : self, one's own, individual, personal
caalchisuun : the promotion [vn-subj, lit: giving priority (to)]
caalchis- : favor, prefer; give priority ~ importance to, put s.t. ~ s.o. above another; do more ~ better than
Oromoonni : the Oromos [= Oromoot(a)-ni, with tn > nn, G§3.4]
jala : under
hiriiran : who parade ~ march
hiriir- : line up, parade, march; demonstrate
hubatanii : they recognized ~ understood and ...
sirriitti : straight; properly, correctly
deebi'uu : returning
deebi'- : return
ABOnis ta'e : as well as the OLF [subj + conj]
gammachuu guddaatu isatti dhaga'ama : it feels tremendous satisfaction
gammachuu : pleasure, happiness, satisfaction
Cf: gammad- : rejoice, be glad, happy ~ delighted
guddaatu : huge; important [= guddaa-tu (focus)]
-tti dhaga'ama : it feels
itti dhaga'am- : feel [experiencer is marked by -tti]
Cf: dhaga'am- : be heard
Cf: dhaga'- : hear
jedheera : he ~ it [masc] has said ~ stated

Selection Twenty-Seven

Baha Wallaggaa

Bulchiinsa godina Baha Wallaggaa magaalaa Fincaawaa fi magaalaa Arjootti morkiin kubbaa miil«l»aa fi kubbaa saaphannaa tuuto«o»ta adda addaa gidduutti Dilbata darbe adeemsifameera.

Wal-morkii magaalaa Fincaawaatti adeemsifametti tuutni magaalaa Fincaawaa fi tuutni waldaa Barsiiso«o»taa 2-2n adda bahaniiru.

Wal-morkii kubbaa saaphannaatti ammoo tuutni magaalaa Fincaawaa tuuta Warshaa shukkaara Fincaawaa 3-1«n» mo'eera.

Wal-morkii magaalaa Arjootti adeemsifametti ammoo tuutni ganda 01 ganda 02 2-0n yoo mo'u, tuutni Poolisaa fi manni barumsaa sadarkaa lammaffaa Mokonnin Damisee galcha malee 0-0«n» adda bahaniiru.

Wal-morkii kubbaa saaphannaatti ammoo manni barumsaa sadarkaa tokkoffaa Gabiri'eel mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Jimaatee 2-0n yoo mo'u, akkasumas manni barumsaa sadarkaa tokkoffaa Andinnat mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Haalaa Gabatoo 3-1n mo'uu isaa gabaasni mana maree Aadaa fi Ispoortii aanaalee kana irraa nu gaye addeesseera.

Vocabulary

Fincaawaa : Finch'awa (town) [Alt: Fincaa'aa]
  Cf: fincaawaa : waterfall
Arjootti : in Arjo
morkiin : the competition ~ match [subj]
  morkii : dispute, contention; contest, competition
kubbaa miillaa : soccer, football
  kubbaa : ball
  miillaa : foot
kubbaa saaphannaa : volleyball [lit: ball of net]
  saaphanna : net
tuutoota : teams [= tuut(a)-oota]
  tuuta : team
gidduutti : in between, among
  gidduu : middle, area between ~ among
Dilbata : Sunday
adeemsifameera : has been carried out ~ conducted
wal-morkii : contest (competing against one another)
magaalaa Fincaawaatti : in the town of Finch'awa
adeemsifametti : at which it was carried out
tuutni : the team [subj = tuut(a)-ni]
waldaa barsiisootaa : teachers' association
barsiisootaa : of teachers [gen-pl = barsiis(aa)-oota+a]
  barsiisoota : teachers
2-2n : two to two [instr]
adda bahaniiru : they have split; they concluded
  adda : different; [adv] separately
  adda bah- : split, be separated; conclude
kubbaa saaphannaatti : in volleyball
warshaa shukkaara : sugar factory
  shukkaara : sugar
3-1n : three to one [instr]
mo'eera : has won
  mo'- : win, beat, defeat
ganda 01 (duwwaa tokko) : village ~ neighborhood one
ganda 02 (duwwaa lama) : village ~ neighborhood two
2-0n : two-nil, two to nothing [instr]
mo'u : that it won ~ defeated
Poolisaa : of police [gen]
  poolisa : police
mana barumsaa sadarkaa lammaffaa : secondary ~ high school
  mana barumsaa : school, school house
  barumsaa : of learning [gen]
  sadarkaa : grade, stage, year (in school)
Mokonnin Damisee : (Amhara man's name)
galcha malee : scoreless, without a score
galcha : score, point, count
0-0n : nothing-nothing, with zero to zero [instr]
mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa : primary ~ elementary school
Gabiri'eel : Gabriel
Jimaatee : (name of a primary school)
manni barumsaa : the school
Andinnat : Andinnat (school name; Amharic word for 'unity' or 'oneness')
Haalaa Gabatoo : (name of a school)
mo'uu : that it defeated ~ won
gabaasni : the report [= gabaas(a)-ni]
  gabaasa : report
mana maree Aadaa fi Ispoortii : Culture and Sports Council
aanaalee : districts
gaye : it reached

Selection Twenty-Eight
Part A

Daniccii

"Daniccii" jechuun ayyaana guyyaa ittiin yaadannoo du'a abbaa ykn haadha ofii jechuu dha. Kun egaa gabaabaatti Danicciin maal akka ta'e nu hubachiisa. Haa ta'u malee, yoom ayyaane«e»ffamaa? Eenyuutu ayyaane«e»ffataa? Attamitti ayyaane«e»ffamaa? isa jedhu ammoo gaaffilee tartiibaan deebii argachuun isaan irra jiru dha.

Yoomii fi attamitti ayyaane«e»ffan«n»aa isa jedhus akka armaan gadiitti ilaalla. Innis abbaan yookaan haati yoo du'an ilmi isaanii, waggaa lammaffaa isaan du'an irraa eegalee, waggaa waggaatti hamma bara jireenya isaatti ayyaane«e»ffata. Kana ammoo kan gochuu danda'u ilma yoo ta'e malee intalli gochuu hin dandeessu. Yeroo kanatti wanti qophaa'u ... hedduutu jira. Isaanis, farsoon ni naqamaa, bunni qalaan ni qophaa'a, kormi ni qalama. Firris bakka jiruu waamamee akka aantaa isaatti bakki kennamaaf.

Vocabulary

Danicii : (traditional Oromo ceremony in honor of deceased parents)
jechuun ... jechuu : means [lit: saying X is to say Y]
ayyaana : ceremony, holiday, festival (here); spirit (in text below)
yaadannoo : observance, ritual, memorial [= yaad-annoo]
du'a : death
haadha : mother
ofii : one's own
gababaatti : in short
maal akka ta'e : what it is ~ might be
nu hubaciisa : lets us know
hubaciis- : let s.o. know s.t.
ayyaaneeffamaa : is celebrated [= ayyaan-eess-am-a+a (VV = question, G§16.1)]
ayyaaneeffam- : be celebrated ~ observed [Cf: ayyaana]
Eenyuutu ayyaaneeffataa : Who is to observe it?
eenyuutu : who is the one? [= eenyu+u-tu (focus)]
ayyaaneeffataa : who celebrates? [= ayyaan-eess/ff-at-a+a]
attamitti : how?, in what way? [Alt: akkamitti; G§16.6]
isa jedhu : concerning, regarding [lit: he who says]

gaaffiilee : questions [= gaaffii-lee]
gaaffii : question, asking [= gaaf-CC-ii]
tartiibaan : in order [instr]
tartiiba : sequence, order
deebii argachuun : to find an answer
isaan irra jiru : that they should ~ ought to

ayyaaneeffanna : we observe [= ayyaan-eess-at-na]
isa jedhus : regarding also
akka armaan gadiitti ilaalla : we shall see here below
gadiitti : below
gadi : area below [n]
ilaalla : we (will) see [= ilaal-na]
-na : we do VERB [1pl prog]
innis : he too ~ it also; that is
haati : the mother [= haa(dha)-ti (fem subj G§5.3.1)]
yoo du'an : if they died
ilmi : the son [subj = ilm(a)-i]
ilma : son
waggaa lammaffaa : second year
waggaa waggaatti : every year
hamma bara jireenya isaatti : so long as he is alive [lit: until the time in his existence]
isaatti : in his [pro-poss + loc]
gochuu : to do ~ perform
danda'u : that he can ~ is able
intalli : the daughter [= intal(a)-ti]
intala : daughter; girl
hin dandeessu : she can not
yeroo kanatti : at this time, on this occasion

qophaa'u : that is to be prepared
hedduutu jira : there is a great deal [-tu = focus]
isaanis : and they are:
farsoon : the beer [subj = farsoo-n]
farsoo : home-made beer [Alt: farshoo]
ni naqamaa : it is to be brewed
naqam- : be brewed
naq- : brew; pour (out); add
bunni qalaan : coffee roasted in butter [subj = bun(a)-ni qal-aa-n]
buna qalaa : roasted coffee
buna : coffee
qal- : roast (coffee beans)
ni qophaa'a : it is to be prepared
kormi : bull [subj = korm(a)-i]
korma : bull
Cf: kor- : mate, mount (of hooved animal)
ni qalama : it is to be slaughtered
qalam- : be slaughtered
qal- : slaughter, butcher
firris : relatives too [subj = fir(a)-ni-s]
bakka jiruu : residence, living place (i.e., from wherever they are)
waamamee : be invited and [= waam-am-ee]
akka aantaa isaatti : in accord with his proximity
aantaa : closeness (of relationship); next of kin
kennamaaf : to be given [dat = kenn-am-aa-f]
kennamaa : given, offered

Selection Twenty-Eight
Part B

Egaa wanti dagachuun nu irra hin jirre tokko jarri du'an sun yoo ijoollee dhiiraa hedduu qabaatan qophii kana kan gochuu danda'u ilma isa angafa qofa ta'a.

Ilmi angafaa guyyaa sana marga dheddheeraa qabata, dhadhaa mataa kormichaa isaa qalmaaf qophaa'ee sanatti diba. Kana booda marga isa qabate sanaan mataa kormichaatti hamma eegee isaatti hariirrata. Akkuma kana raawwateen kormicha mirgatti kuffisanii albee (aadduu) qabatee osoo morma hin kutin dura "Ayyaanni abbaa koo fi ayyaanni haadha koo waan hunduma naaf qaqqajeelchi, isan qopheesse kanas amma sooradhu", jedhee korma sana morma kuta. Kana booda egaa firri isa qophaa'ee nyaatee dhuga.

Ilmi ayyaana kana qopheesses hamma bultii shaniitti ni ulmeeffata jedhama. Ulmeefachuu jechuun akka hiika sirna kanaatti ciisanii boqochuu jechuu dha. Guyyaa shanan kanatti hojii hojjechuu dhiisu jechuu dha. Guyyaan ayyaanichi itti raawwatamus gaafuma shananii kana ta'a.

Vocabulary

dagachuun : overlook [subj]
  dagat- : overlook, neglect
nu irra hin jirre tokko : one thing we must not [= hin jir-ne]
nu : we [pro-subj]
jarri du'an : the deceased
jarri : [= jar(a)-ni, see G§6.6]
sun : that, those
ijoollee dhiiraa : sons
  dhiira : male (human)
  Contrast: kormaa (animal)
qabaatan : they have
  qabaat- : have, possess
angafa qofa ta'a : it is only the firstborn
angafa : firstborn, eldest child
sana : that, those
marga : grass; bundle of grass
dheddheeraa : long (ones) [pl adj = CVC-dheeraa]
  dheeraa : long, tall
qabata : he holds [= qab-at-a]
dhadhaa : butter
mataa : head
kormichaa : of the bull [= korm(a)-icha-VV]
qalmaaf : for slaughter
  qalma : slaughter, ritual sacrifice [See: qal-]
qophaa'ee : prepared and

diba : he rubs on ~ smears
  dib- : rub on, smear, anoint
qabate : he held [= qab-at-e]
sanaan : with that (one)
eegee : tail
hariirrata : he rubs (it) over
  Cf: har- : sweep, clean
  Cf: rirriit- : rub (with s.t.)
akkuma kana raawwateen : as soon as he finishes this [time instr = akk(a)-uma kana raawwat-e+e-n]
akkuma : as soon as
kormicha : this (particular) bull [= korm(a)-icha]
mirgatti : to the right (side)
kuffisanii : he throws it down and [= kuf-CC-is-an-ii]
  kuffis- : throw down, fell, make s.t. fall
  kuf- : fall
albee : knife [Alt: ablee, hablee]
aadduu : knife, razor [Alt: haadduu = (h)aad-tuu]]
  Cf: haad- : shave
qabatee : he holds and ...
morma : neck
osoo hin kutin : without cutting; before cutting
  osoo : without [+ neg verb]
  kut- : cut (off), sever
dura : first
ayyaanni abbaa koo : the spirit of my father
ayyaanni haadha **koo** : the spirit of my mother [«**too**» gender loss G§4.2]
waan hundumaa : everything
naaf qaqqajeelchi : straighten (it) out for me! [pl-v-imp = na+a-f CVC-qajeelch-i]
  qaqqajeelch- : straighten
  qajeelch- : straighten (out), set right, put in order
isan qopheesse kanas : this which I [= isa-n] have also prepared
qopheesse : I prepared [= qoph-eess-e]
  -e : I VERBed [1sg past]
sooradhu : take food! [imp]
  soorat- : accept food, take nourishment
  -adhu : VERB! [auto-sg-imp]
  soor- : feed, nourish
nyaatee : eat and [= nyaat-ee]
  nyaat- : eat [Inf: nyaachuu]
dhuga : he drinks [= dhug-a]
  dhug- : drink
qopheesses : he also prepared [= qoph-eess-e-s]
bultii : night; day (24 hours)
shaniitti : in five [= shan-ii-tti]
ni ulmeeffata : he should isolate himself
  ulmeeffat- : isolate oneself, go into confinement [= ulm-eess- //ff-at-]
  -ata : he VERBs for himself [v-3m-auto-prog]
  Cf: ulmaa : isolation, (ritual) confinement
ulmeefachuu : to isolate self
akka hiika sirna kanaatti : in terms of this ritual
hiika : meaning, solution
  hiik- : loosen, untie
ciisanii : he {polite} lies down and [3pl = ciis-ani-ii]
  ciis- : lie down, rest
boqochuu : resting
shanan : five day period [= shan-an]
hojii hojjechuu : to do work
hojjechuu : to do [inf; hojjet-]
dhiisu : that he {pol} stop
raawwatamus : that it is also concluded [= raaww-at-am-u-s]
  raawwatam- : be concluded
gaafuma : the very same day [= gaaf(a)-uma]
  gaafa : day, date
shananii : of the five days

Selection Twenty-Nine

Irdii Goshuu ni beektanii?

«1»

Kutaa Shawaa konyaa Salaalee keessatti magaalaa Garba Gurraacha irraa k/m 40 fagaata. Garba Gurraacha irraa gara dhihaatti argama. Gara Irdii Goshuutti seenuuf lafa uumamaan baqaqaa (tarsa'aa) ta'e lamaan gidduu darbuu qaban. Baqaqaa kun baqaqaa ol-aanaa fi gad-aanaa jedhama. Ergii isa qaxxaamuranii booda immoo bishaan Diimoo kan jedhanitti dhufan.

«2»

Bishaan kun bishaan kan biroo irraa kan adda ta'e dha. Kunis 1ffaa bishaan kana oggaa dhugan ni mi'aawa. Akka warri arge (dhuge) jedhanitti damma damma jedha jedhu. 2ffaa huccuu (kafana) yeroo itti miiccan saamunaa malee ni qulqulleessa jedhama. Sababa kanaaf namootni naannoo sanaa karaa fagoo adeemanii bishaan kanatti miiccachuu akka dhaqan warri waa'ee bishaan kanaa beekan ni mirkaneessu. Bishaan kana oggaa ce«e»han bakka dhagaa baaltii jedhamtutti dhufan. Dhagaa baaltii sababni jedhameefis yeroo hedduu namootni bakka kanatti wal barbaadanii dhagaa kana irra taa'anii wal hamatu ykn ni taphatan. Kanaaf dhagaa baaltii jedhame jedhu.

«3»

Dhagaa baaltii yeroo taran bakka Irdii Goshuu jedhamu kanatti dhu«f»u. Irdii jechuun dahannoo ykn mishigii jechuu bara weerara Minilik Goshuu Gichillaan (abbaa duulaa naannoo kanaa kan ta'an) waraana kana ofi irraa ittisuuf dahannoo tolfamee dha. Bal'inni isaa kiiloo kaaree 5 oggaa ta'u dheerinni isaa immoo meetira tokkoo fi cinaatti tilmaamama ni ta'a. Goshuu Gichillaa weerara Minilik Raas Daargeen hoogganamu loltoota isaa qindeessee waraana Nafxanyaa akka jabaatti dura dhaabbachuu isaa maangudoon naannoo kana haalaan beekan ni mirkaneessan. Lubbuun waraana kana irratti wareegame Aannolee gad akka hin taane ni himama. Oromoon Shawaa akka salphaatti kan injifatamuu danda'e ergii Goshuu Gichillaa mo'amee dha jedhu maangudoon kun.

«4»

Bara Goshuu Gichillaa waraana irratti kan hirmaatan dhiira qofaa osoo hin taane dubartootnis qooda ol-aanaa akka qaban faaruudhaan himameeraaf. Kunis:

"Biyya dar'oo Goshuu
nadheen tu tokkosaa
Kufee gangalatee
Yaa tokkoftuu nadheenis
namumaa dar'oos biyyumaa"

jedhanii faarsan. Egaa har'a lafti kun Irdii Goshuu jedhameetu waamama. Irdii Goshuu irra dhaabbatanii gara dhihaa yeroo ilaalan daangaa Maccaa fi Tuulamaa (lafa) kan addaan baasu laga Mogor tu mul'ata. Akkuma Irdii Goshuu daggalli Mogoris har'a qabsoo bilisummaaf gumaata guddaa kennaa jirti.

Vocabulary

Irdii Goshuu : (place name)
Cf: irdii[1] : fort
Cf: irdii[2] : saffron
Goshuu : (male personal name)
ni beektanii? : do you know?
«1»
kutaa : administrative region
Shawaa : Shewa zone
konyaa : subprovince, district
Salaalee : Selale (subprovince)
Garba Gurraacha : (town)
Cf: garba[1] : pool (of stagnant water); [ext] lake; sea
Cf: garba[2] : slave [Alt: gabra]
Cf: gurraacha : black
k/m 40 : 40 kilometers
fagaata : it is away
dhihaatti : to the west
dhihaa : west
argama : it is located ~ situated
seenuuf : in order to enter [dat]
uumamaan : naturally [instr]
baqaqaa : split, cracked, rifted
baqaq- : tear, crack, split, develop a rift
Cf: baqaqa : split, rift, chasm, (natural) fault
tarsa'aa : rifted, ripped, ragged
tarsa'- : tear (be torn), rip
lamaan : by ~ in two [instr]
gidduu : between
darbuu qaban : one must pass [= darb-uu qab-an]
Note the indefinite use of 3pl
ol-aanaa : upper, higher
gad-aanaa : lower
ergii : since, after
qaxxaamuranii : one crosses and [= qaxxaamur-an-ii]
qaxxaamur- : cross; take a shortcut
Cf: qaxxaamura : crossroad
bishaan : river (in compound names) [lit: water]
Diimoo : (name of a river)
Cf: diimoo : red (ones)

-oo : -s [plural adj suf]
kan jedhanitti = to which they call [= jedh-ani-tti]
dhufan : one comes [indef]
«2»
kan biroo : others
Cf: kan biraa : other, another
kan adda : different, distinct from
1ffaa (tokkoffaa) : first
oggaa dhugan : when one drinks it [indef 3pl]
ni mi'aawa : it is sweet
mi'aaw- : be sweet ~ tasty
Cf: mi'aawaa : sweet [adj]
akka warri arge : according to the people who saw it
dhuge : who drank it
damma damma jedha jedhu : they say it tastes like honey
-u : they VERB [3pl prog]
NOUN-NOUN jedh- : taste like NOUN [vp-idiom]
2ffaa (lammaffaa) : second
huccuu : clothes, clothing
kafana : clothes
kafan- : cover, clothe
yeroo itti miiccan : when they wash in it
miicc- : wash, launder
saamunaa malee : without soap
saamunaa : soap [Alt: samunaa]
ni qulqulleessa : it does clean [= CVC-qull-eess-a]
qulqulleess- : clean (thoroughly), purify [pl-v]
qulleess- : clean, cleanse
Cf: qullaa : naked, bare, empty
sababa kanaaf : because of this
sanaa : of that [gen = sana+a]
karaa fagoo adeemanii : they travel a long way and [= adeem-an-ii]
fagoo : distant, far, remote
miiccachuu : wash for oneself
dhaqan : they go [= dhaq-an]
waa'ee bishaan kanaa : about this water
beekan : they know [= beek-an]
ni mirkaneessu : they verify [= mirkan-eess-u]
mirkaneess- : prove; attest to
oggaa ceehan : when one crosses [= ceeh-an]
ceeh- : cross (over) [Alt: ce'-]
baaltii : gossip [n-f]
bakka ... jedhamtutti : at a place that [f] is called [= jedh-am-tu-tti]
-tu : that she ~ it does VERB [3f-sub]
sababni jedhameefis : also the reason why it is called [= sabab(a)-ni jedh-am-e+e-fi-s]
wal barbaadanii : they seek each other out and ...
barbaad- : want, desire; look ~ search for, seek out
wal hamatu : they gossip
hamat- : gossip, talk about one another
taphatan : they chat ~ pass the time pleasantly
taphat- : play (game ~ instrument); chat, pass time
jedhame : it was called
«3»
yeroo taran : when one passes
tar- : pass
dhufu : one arrives [= dhuf-u]
dahannoo : protection, shelter, refuge; fort [= dah-annoo; Alt: dahoo]
dah- : hide [root; Alt: da'-]
Cf: da'at- : hide (behind s.t.), conceal oneself
mishigii : fortification, trench {Amharic}
weerara : invasion, raid
Minilik : MenelikII, Emperor of Ethiopia

Goshuu Gichillaan : by Goshu Gichila [instr]
Gichillaa : (Oromo male name)
Cf: gichillaa : black panther; [fig] brave, cunning
abbaa duulaa : commander [lit: father of war]
duula : war
waraana : war, battle [lit: spear, lance; weapon]
ofi irraa ittisuuf : in order to defend himself from
ofi : oneself
tolfamee : was built ~ made and [= tol(ch)-f-am-ee]
tolfam- : be repaired ~ fixed; be built ~ established
tolch- : make; fix, repair; prepare (food)
Cf: tol- : be good, do well
bal'inni isaa : its width [subj = bal'in(a)-ni]
bal'ina : breadth, width; extent, size, area
kiiloo kaaree 5 (shan) : 5 square kilo(meters)
kiiloo(meetira) : kilometer(s)
kaaree : square
oggaa : while
dheerinni isaa : its height [subj = dheerin(a)-ni]
dheerina : height; length
tokkoo fi cinaatti : one and a half
cinaa : half
tilmaamama : it is estimated [= tilmaam-am-a]
Raas Daargeen : by Ras Darge [instr]
Raas : minister, sir (title of s.o. immediately below the king) {Amharic}
Daargee : (military commander who annexed Oromo territories, called the "Butcher of Asela")
hoogganamu : who were commanded ~ led
hoogganam- : be commanded
hooggan- : command, lead
loltoota : soldiers [= lolt(uu)-oota]
loltuu : fighter, soldier
qindeessee : organized and [= qind-eess-ee]
qindeess- : organize, unite, bind ~ group together
Cf: qindii : yoke (of oxen); two (of a kind)
Nafxanyaa : rifleman; armed settler (formerly in military service and provided land by the government for that service (usually an Amhara in the south)
akka jabaatti : strongly, seriously
akka : like, -ly [makes an adverbial construction]
jabaa : strong, powerful; serious, important; hard
dura dhaabbachuu : to resist ~ stand one's ground [lit: plant oneself in front]
maanguddoon : elders [subj]
maanguddoo : elderly person
naannoo kana haalaan beekan : know this area well
mirkaneessan : they confirm
lubbuun : lives [subj]
lubbuu : life; soul, spirit
wareegame : it was sacrificed
wareegam- : be sacrificed ~ offered up
wareeg- : sacrifice, offer s.t. (to a diety)
Aannolee : (place in Arsi where Oromos were brutalized during the conquest of Menelik)
gad akka hin taane : were not lower (than)
ni himama : it is told [= him-am-a]

himam- : be told, narrated ~ recounted
akka salphaatti : easily, readily
injifatamuu danda'e : could be defeated
injifatam- : be defeated
mo'amee : was defeated and ...
mo'am- : be conquered
«4»
hirmaatan : they participated
dhiira qofaa : men alone
dubartootnis : the women also [= dubart(ii)-oot(a)-ni-s]
dubartoota : women
dubartii : woman
qooda olaanaa : big role, large ~ enormous share
faaruudhaan : by praise [instr = faar-uu-dha+a-n]
faaruu : praise, praising (in song)
faarsan : they sing (in praise)
faars- : praise, sing the praise of (a hero)
himameeraaf : it has been told [dat = him-am-eera+a-f]
Kunis ... jedhanii faarsan : Thus they praise them, saying [note word order]
Dar'oo : (place name)
nadheen : woman; women
tokkosaa : shooting
tokkos- : shoot, fire (a weapon) {Amh}
kufee : falling and [= kuf-ee]
gangalatee : and rolling
gangalat- : roll over ~ around (in the dust)
yaa : oh!, hey! [vocative]
tokkoftuu : shooter [= tokkos/f-tuu]
nadheenis : the women also [subj = nadheen+i-s]
namumaa : just ~ only human [= nam(a)-uma+a]
Dar'oos : Dar-o too ~ also
biyyumaa : just a country [gen = biyy(a)-uma+a]
lafti kun : this land [subj = laf(a)-ti]
jedhameetu : by what it means
waamama : it is called
dhaabbatanii : standing at, being at
yeroo ilaalan : looking at ~ towards [= ilaal-an]
daangaa : border, boundary, limits
Maccaa : (major Oromo group)
Cf: maccaa : nation, people, ethnic group, tribe
Tuulamaa : (major Oromo group)
Cf: tuulamaa : lord, overlord (proprietor of land with hereditary rights to it)
addaan baasu : that separate ~ divide
laga : river
Mogor : the Muger River
mul'ata : it is visible
daggalli : the forest [subj = daggal(a)-ni]
Mogoris : the Muger also
qabsoo : struggle; wrestling [= qabs-oo]
bilisummaaf : for liberty [dat = bilis-ummaa-f]
gumaata : contribution, gift, donation
kennaa jirti : she is giving
-ti : she VERBs [3f-prog]

Selection Thirty

Rasaasni deeggeraa ABOtti Aggaamame haadha ijoollee jahaa galaafate

«1»

Zoonii Harargee Bahaa magaalaa Haromaayaa ganda 02 keessa kan jiraatan aadde«e» Attaalluu Gabre Tsaadiiq rasaasa dargaggoo deeggeraa ABOti jedhamee adamsamutti dhukaafameen rukutamanii du'uun isaanii riporterii keenya irraa gabaasa nu qaqqabeen ibsameera.

«2»

Aadde«e» Attaalluu Gabre Tsaadiq kan jedhaman jireenya isaanii buddeenii fi daabboo gurguruudhaan kan mana isaaniitii fi maatii isaanii bulchan oggaa ta'u balaa itti hin yaadne kanaan kan dhabaman Guraandhala 6 /1994 guyyaa keessaa naannoo sa'aatii 10tti ta'uu isaa riporteriin keenya nuuf ibseera.

«3»

Abbaan manaa (abbaan ijoollee) seeraan gaafachuuf osoo qophii irra jiruu, ilmaan kee bakka guddisa daa'imman mootummaatti siif galchina jechuudhaan tursanii, booda irratti garuu bakkeen guddisa daa'imman mootummaa waan hin argamneef ijoolleen kee mooraalee hoomaa waraanaa EPRDFtti hiramanii siif guddatu jennaan namichi abbaan ijoollee gargar faca'uu daa'immaan isaa mormuudhaan harkatti didee, ijoollee duraan haati isaanii bu'aa gurgurtaa daabboo fi buddeen irraa argattuun jiraachifattuu wajjin gidiramaa jiraachuun isaa ibsameera.

«4»

Akka ijoo dubbii ibsichaatti ijoolleen kun namoota ykn qaama dogoggora ajjeechaa kana raawwatan irraa seeraanis ta'u haala biraan gargaarsa argachuu baannaan jireenyi lubbuu isaanii sodaachisaa ta'uunis himameera.

«5»

Abbaan dubbichaa dargaggoon Abdul Salaam Muummee jedhamu haala nama ajaa'ibsiisuun guyyaa sanatti miliqee yoo harkaa ba'e iyyuu, sakattoo fi adamsa cimaadhaan qabamee murtii fi ilaalcha seera qabeessa tokko malee bakka bara Dargii mooraa leenjisaa turee har'a ammoo

gombisaa ijoolleen Oromoo keessatti naqaman kaampii Hursoo keessatti gidiramaa jiraachuun isaa addeeffameera.

«6»

Haala ajjeechàa aadde Attaalluus ta'e kan dubbii dargaggoo Abdul Salaamiin addaan baafachuuf karaa adda addaa yaalii yoo goone illee, qaamni seeraas ta'e namni dhuunfaatti dubbicha beeka jedhee deebii nuuf kennu waan dhibeef, tarii namootni biroos ta'e kanneen gochaa kana raawwatan jedhaman akka caalaatti nuuf ibsaniif ni gaafanna.

Vocabulary

rasaasni : the bullet [subj = rasaas(a)-ni]
rasaasa : bullet
aggaamame : it was aimed at
aggaamam- : be aimed
aggaam- : aim, point (a weapon) at s.o.
jahaa : of six [gen]
galaafate : it killed ~ murdered
galaafat- : murder, kill s.o. (heartlessly, with premeditation ~ deriving joy from the act)

«1»

Haromaayaa : Hara Maayaa (town)
jiraatan : they ~ she {polite} lived [3pl = jiraat-an]
Attaalluu : (female name)
Gabre-Tsaadiiq : (Amharic male patronymic)
adamsamutti : being pursued [= adam-s-am-utti]
adamsam- : be hunted
adams- : hunt, pursue (prey)
adam- : hunt, go hunting
rasaasa ... dhukaafameen : by a bullet which was shot [instr = dhukaas-/f-am-e+e-n]
dhukaafam- : be shot
dhukaas- : shoot
Cf: dhukaasa : shot (of gun)
rukutamanii : she {polite} was hit and .. [3pl = rukut-am-an-ii]
rukutam- : be hit ~ struck
rukut- : hit, strike; fire (weapon)
du'uun isaanii : that she died
riporterii : reporter
gabaasa : report
qaqqabeen : by means of that which reached [instr = CVC-qab-e+e-n]

«2»

buddeenii : of bread [gen = buddeen-ii]
buddeen(a) : injera (large, thin Ethiopian pancake)
daabboo : thick local bread ~ European-style bread
gurguruudhaan : by selling [instr = gurgur-uu-dha+a-n
bulchan = she {pol} supported [3pl = bul-ch-an]
hin yaadne : unexpected
naannoo sa'aati 10tti : at about 10 o'clock

«3»

Note: The following sentence is cumbersome and lacks punctuation clues (e.g., quotation marks).
abbaan manaa : the husband
abbaa manaa : husband [lit: father of the house]
seeraan gaafachuuf : in order to file suit [= seera+a-n gaafat/ch-uu-f]
seeraan : in accordance with the law [instr]
seera : rule, law, regulation
kee : your [sg]
bakka guddisa daa'imman mootummaatti : into the government orphanage ~ child care facility
siif : for you, on your behalf [= si+i-f]
si : you [object pronoun]
galchina : we will put (them) in [= gal-ch+i-na]
galch- : bring ~ put in, cause to enter; take home
tursanii : they delayed and ... [= tur-s-an-ii]
turs- : delay, slow down, put off [v-tr]
tur- : stay (in a place); wait; be delayed ~ postponed
booda irratti : thereafter, later on
waan hin argamneef : since it was not available [waan hin arg-am-ne+e-f]
ijoolleen : the children [subj]
mooraalee : camps [= mooraa-lee]
hoomaa : numerous, many
waraanaa : military [gen; lit: of spear ~ war]
hiramanii : they would be split up and ... [= hir-am-an-ii]
hiram- : be divided
guddatu : that they would grow up
guddat- : grow up, develop, become big
jennaan : after having said [= jedh-naan]
-naan : after having VERBed [verbal gerund suffix showing a prior action]
namichi : the man [= nam(a)-ichi]
gargar faca'uu : be dispersed
gargar : apart, separately
faca'- : be scattered ~ strewn
mormuudhaan : by opposing [morm-uu-dha+a-n]
harkatti didee : refused ~ rejected the offer and ...
did- : refuse, reject
duraan : formerly, previously
gurgurtaa : sale [= gurgur-(a)t-aa]
argattuun : by what she earned [instr = arg-at-tu +u-n]
jiraachifattuu : that she supported [= jir-aat/ch-is/f-at-tu+u
jiraachifat- : support oneself, maintain (others by one's own efforts)
jiraachis- : cause to live; support, maintain
gidiramaa jiraachuun : that he was suffering
gidiramaa : miserable, hard up, troubled, tormented
gidiram- : be in difficulty; be wretched
Cf: gidiraa : trouble, misery

«4»

ijoo : (central) point, crux
dubbii : affair; legal matter
ibsichaatti : in the statement [= ibs(a)-icha+a-tti]
namoota ykn qaama : persons or agency
dogoggora : confusion, mistake
ajjeechaa : murder, killing [= ajjee(s)-chaa]
ajjees- : kill, murder
raawwatan : who have done ~ carried out

seeraanis : also ... legally [instr = seera+a-n+i-s]
haala biraan : by some other means [instr]
jireenyi lubbuu isaanii : their very survival [lit: the existence of their souls]
sodaachisaa ta'uunis : is also at risk
himameera : it has been reported

«5»

abbaa dubbichaa : the suspect
abbaa dubbii : defendant, suspect (charged with a crime), party (associated with a legal case)
Abdul Salaam Muummee : (man's name)
haala nama ajaa'ibsiisuun : in a spectacular manner, miraculously [instr]
ajaa'ibsiis- : surprise (s.o.)
ajaa'ib- : be surprised [intr]
guyyaa sanatti : on that day
miliqee : he disappeared and
miliq- : elude, dodge; vanish, disappear (suddenly)
yoo harkaa ba'e iyyuu : even if he escaped
harkaa ba'- : escape, break ~ get away
harkaa : from one's hands
sakattoo : search [= sakatt-oo]
Cf: sakatta'- : search (thoroughly), ransack
adamsa cimaadhaan : by an intense manhunt [instr]
adamsa : hunting, hunt
murtii : result, decision, judgment; trial
qabeessa : having, possessing; -ful [see G§9.3.3]
bara Dargii : in the time of the Dergue (administration)
mooraa leenjisaa : training camp
bakka ... turee : a place which was ... and
gombisaa : granary (large thatched structure)
naqaman : he (polite) was put into [3pl = naq-am-an]
kaampii : camp [Alt: kaambii]
Hursoo : (town; location of a detention camp)
addeeffameera : it has been reported [= ad-CC-eess-/ff-am-eera]
addeeffam- : be reported

«6»

addaan baafachuuf : in order to sort out ~ check on
addaan baafat- : seek clarification, double check
baafat- : take out (for self)
goone : we made ~ carried out [= godh-ne, with cluster loss and vowel lengthening]
qaamni seeraas ta'e : the legal body as well as [subj = qaam(a)-ni seera+a-s ta'e]
namni : the person [subj = nam(a)-ni]
dhuunfaatti : personally, intimately [adv = dhuunfaatti]
beeka : he ~ it knows
waan dhibeef : because he ~ it is not available
dhib- : lack, not be available
tarii : perhaps, maybe, possibly
kanneen : the others [G§6.6]
gochaa : deed, act [= goch-aa]
-aa : [verbal noun suffix]
akka caalaatti : in a better way
ibsaniif : so they explain [dat of purpose = ibs-ani+i-f]
ni gaafanna : we ask [= gaaf-at-na]

Selection Thirty-One

Addi Dimokiraasummaa Uummata Guraagee Diinummaa Oromoo irraa qabu ifatti beeksifate

«1»

Koree raawwachiiftuu hojii Adda Dimokiraasummaa Uummata Guraageeti kan ofiin jedhu diinummaa isaa kan beeksise ibsa yeroo dhihoo kana baaseen ta'uun beekameera. Dura taa'aa dhaabichaa kan turan Obbo Kadiir Mohaammad wal beekumsaa fi walitti dhufeenya dhuunfaa Obbo Leencoo Lataa wajjin qabaniin wal ta'anii Addicha dadhabsiisuuf qabsaa'aa turan jechuudhaan kan himatu koreen kun, mirga Oromoo fi murtii Oromoo kan keessa hin deebi'amne Qubee Laatiiniin afaan Oromoo barreessuu illee osoo hin hambisin balaaleeffateera. Akkasumas walii galtee fi tokkummaa uummata Oromoo fi uummatoota kibba«a» Itoophiyaa gidduutti godhamu akka mormus ifa baasee, yaalii walii galtee uumuuf godhame mara akka fashalchiises injifannoodhaan ibseera.

«2»

Akka ibsicha ba'eetti dhimmootni waa'ee lafa dhuunfaatti qabaachuu, albuudni lafa keessaa uummata naannoo akka hin oolle gochuu fi uummatni Oromoo naannoo Aggaaroo, Shaashamannee, Ziwaay, Arsii, Nagallee fi naannolee adda addaatti Guraagoota qofa irratti miidhaa ga'aniiru jechuudhaan uummata Guraagee fi uummata Oromoo wal jibbisiisuufi wal lolchiisuuf yaaluudhaan koreen kun diinummaa uummata Oromoo irraa qabu ifatti beeksifateera.

«3»

Uummatni kibbaa fi Oromoon too'annoo waraana jaarmayaa tokkichaa jalatti akka hin kufne jedhamee yaada mana mareetti dhihaates ibsi koree kanaa mormeera. Dura taa'aa Sochii Uummata Sidaamaa kan ta'an Obbo Walde Amaanu'eel Dubbaale akka miseensa tokkummaa gamtaa dhaabbiilee uummata kibbaa hin taaneef jaarmayaan Oromoo tokko dhiibbaa irratti godheera jechuudhaan dhaaba Oromoo bilisa ta'e dogoggorsaa godhee dhiheesseera.

«4»

Ibsi kun waa'ee konfiransii Paarisiinis kaasuudhaan dhaaba Oromoo tokkummaa waldaa uummatoota kibbaa wajjin godhame irratti namoota hirmaatan alatti hambisuudhaan dhaaba Oromoo konfiransii sana irratti hirmaate balaaleeffachuudhaan, walumaa galatti sochiilee uummata Oromoof godhaman hundaa fi dhaaba kanaaf qabsaa'us balaaleeffatee barreesseera.

«5»

Karaa dhaaba siyaasaa Oromoo dhaaba uummata Guraagee bakka bu'a jedhamee irratti duulameera jechuudhaan uummata Oromoo fi Guraagee, akkasumas dhaabbiilee siyaasaa uummatoota kana bakka bu'an walitti buusuuf yaaleera.

«6»

Ibsi Addi Dimokiraasummaa Uummata Guraagee kun gaazexaa mootummaa "ye zaareyituu Itoophiyaa" jedhamu irratti Sanbata gaafa 1/8/86 fi gaafa 17/8/86 (A.L.H) maxxanfamee kan ba'e irratti dabalee, qaamoota dubbichi ilaaluuf koppiin isaa hirameera.

Vocabulary

dimokiraasummaa : democracy; [atr] democratic
Guraagee : Gurage, an ethnic group in Ethiopia
diinummaa : hostility, animosity
irraa qabu : that it has towards
irraa qab- : have (negative feelings) towards ~ for
ifatti : openly, publicly, officially
beeksifate : it declared [= beek-sis/f-at-e]
beeksifat- : confess, declare ~ announce on one's part

«1»

koree : committee
raawwachiiftuu hojii : finishing ~ carrying out work; [ext] executive [adj-f = raaww-at/ch-siis-tuu]
raawwachiis- : carry out, execute [lit: make s.o. finish s.t.]
kan ofiin jedhu : self-proclaimed
ofiin : by oneself, on one's own [instr = ofi+i-n]
yeroo dhihoo : recently
baaseen : through that which it issued [instr = baas-e+e-n]
dhaabichaa : of the (specific) organization
Kadiir Mohaammad : (Muslim man's name)
wal beekumsa : knowing one another, being friends

beekumsa : knowledge, wisdom
walitti dhufeenya : relation, coming (together)
dhufeenya : coming, arrival [= dhuf-eenya]
dhuunfaa : personal, private
Leencoo Lataa : (man's name)
qabaniin : by means of which they had [= qab-ani+i-n]
wal ta'anii : they agreed and ...
addicha : this front [= add(a)-icha]
dadhabsiisuuf : in order to weaken [dat = dadhab-siis-uu-f]
dadhabsiis- : weaken, exhaust, tire out
qabsaa'aa : struggling, wrestling
qabsaa'- : struggle, wrestle [Cf: qabsoo]
kan himatu : which claims
koreen kun : this committee [subj]
mirga : right (privilege); proper claim
murtii : decision
hin deebi'amne : irrevocable, irreversible
deebi'am- : be returned; get repeated
Laatiiniin : in Latin [instr]
Laatiin(ii) : Latin (language)
osoo hin hambisin : without sparing ~ holding back
balaaleeffateera : it has condemned
balaaleeffat- : condemn; protest, complain
walii galtee : agreement, understanding
godhamu : that was made
mormus : that it also opposes [= morm-u-s]
ifa baasee : disclosed and
ifa baas- : disclose, expose
uumuuf : in order to create [dat = uum-uu-f]
uum- : create, bring into being
yaalii ... godhame mara : all attempts that were made
mara : all, entire
fashalchiises : it also disrupted [caus = fashal/ch-siis-e-s]
fashalchiis- : cause to fail, disrupt, obstruct
injifannoodhaan : victoriously [instr, G§5.3.5]
injifannoo : victory [= injif(at)-annoo; Alt: injifannaa]

«2» The original text is incoherent; something may have been omitted.

akka ibsicha ba'eetti : according to the statement it issued [= akka ibs(a)-icha ba'e+e-tti]
dhimmootni : matters, affairs [subj = dhimm(a)-oot(a)-ni]
lafa dhuunfaatti qabaachuu : private land ownership
qabaachuu : owning, possessing; ownership [Cf: qabaat-]
albuudni : the minerals [= albuud(a)-ni]
ummata naannoo : local people
akka hin oolle gochuu : benefit, allow to utilize [= hin ool-ne]
Aggaaroo : (place name)
Shaashamannee : (place name)
Ziwaay : (place name)
naannolee : districts
Guraagoota : Gurage people
miidhaa : harm, damage
irratti miidhaa ga'aniiru : the damage they have inflicted upon

jibbisiisuufi : to make s.o. hate (s.o. else) [= jibb+i-siis-uu-f+i]
jibbisiis- : cause to hate ~ loathe
jibb- : hate, loathe, abhor
wal lolchiisuuf : to make them fight each other [= lol-/ch-siis-uu-f]
wal lolch(is)iis- : set s.o. against another
lolchiis- : cause to fight
lol- : fight, quarrel
yaaluudhaan : by attemping [= yaal-uu-dha+a-n]
beeksifateera : it has declared

«3»

too'annoo waraanaa : military control
jaarmayaa tokkichaa : of the one organization [spec gen = tokk(o)-icha+a]
jaarmayaa : organization
jalatti : under
hin kufne : did ~ should not fall [= hin kuf-ne]
mana mareetti dhihaates : which was also presented to the assembly
dhihaat- : be near, appear; be presented (as official document) [Alt: dhiyaat]
mormeera : it has opposed
sochii : movement, activity
Sidaamaa : Sidamo (an ethnic group in southern Ethiopia)
Walde Amaanu'eel Dubbaale : (Amharic man's name)
miseensa tokkummaa gamtaa dhaabbiilee : a member of a coalition of organizations
tokkummaa : coalition, union
dhaabbiilee : associations, organizations [= dhaabb-ii-lee]
hin taaneef : so would not be ~ become [dative of purpose = hin taa-ne+e-f]
jaarmayaan : the organization [subj]
dhiibbaa irratti godheera : has put pressure upon
dhiibbaa : pressure, pushing
godheera : has made
dhaaba Oromoo bilisa : independent Oromo organization
bilisa : freedom, independence; [atr] free, independent
dogoggorsaa : causing confusion; misleading, confusing [= dogoggor-s-aa]
godhee : and it portrayed ...
godh- : make; [fig] portray, label, make s.o. out to be
dhiheesseera : it has proposed [= dhih-eess-eera]

«4»

